# سُورَةُ القَمَرِ
# Suuraa Qamar

*Suuran tun {suuratulqamar} je'amti . هذه السورة تسمى بسورة القمر

*Isiin Suuraa Makkaati. وهي سورة مكية

*Aayaanni isiii shantamii shani . وآياتها ( ٥٥ )

*Lakkooysi isiii shantamii afur. وترتيبها ( ٥٤ )

*Isiin eega suuraa(xaariqii ) buute . وهي نزلت بعد سورة الطارق

*Jalqabni dubbi ii maqaa Rabbiitii.

بِسۡمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحۡمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

ٱقۡتَرَبَتِ ٱلسَّاعَةُ

*Qiyaaman dhiyaatte , alaaman isi`ii dhufie

وَٱنشَقَّ ٱلۡقَمَرُ ١

l}*Jiini baqaqe ,wanni baqaqeef kuffaara Makkaatu , walii galee nabi muhamma-diin, sitti amannaa mee jiinni kun addaan baqaqee,odoo nuti laaIIee garruu haa bu'uu jeaniin .hog gaa san nabi Nabi Muhammad Rabbi khadhatee, ji`-inni baqaqee, cina an tokko gaara ( safaa) je`amurra buee, cinaan kuun gaara fuullee isaa jiru (qiiqaan jeamurra bu'e.odoo hundi isaanii ijaan arguu. hanga ga ara san lamaan jidduuun gaarri gaara (hgiraa) jeamu.mulatee.jinni bakka lamatti baqaquu hubatanitti duuba ormi kuffaaraa sun ,wanni waIiin jee.Muharnmad nu falfalee,ijatti nu fakkeesse jiini baqaqe hin jiruu .hin amanuu jean .. Ammas deebi'anii wanni waliin jean: yoo Nabi Muhammad kan nu falfale taye,warra baadiyaaa hunda falfaluu hin da ndayuu ,warra baadiyaaa, kan Makka dhufu, haa gaafannuu ,yoo isaan halkan san, ji`a baqaqe garre je'an , dhugumaan baqaqee, hoggaa taan kijibaa, jeanii , karaa baadiyaarraa dhufee, Makka seenu hundarra, nama amanamaa ,kaayan ii, warra baadiyaadhaa dhufu ,gaafatan .gaafann aanee agarreeti ajaa' iba goo-nee je'aniin, akkasiti kuffaararraa shakkiin deemtee, akka jiini baqaqe hub-atan . haatayuu kuffaarri makkaa saniin hin amannee kun falfala , biya hu-nda wal gaye ,je'anii baallama duraan ni amanna jeanii seenan diigan tanaaf jecha Rabbiin akki je'e.

وَإِن يَرَوۡاْ ءَايَةٗ يُعۡرِضُواْ

*Kuffaarri makkaa,hoggaa mujizaa mul`-attuu isaan barbaadan finneefii ijaan ar-gan , irraa gara galanii

وَيَقُولُواْ سِحۡرٞ مُّسۡتَمِرّٞ ٢

2}* Sihrii ,yookaa falfala zalaalarniiiti jeanii , nabi Muhammad dhugo`oomsuu didan.

وَكَذَّبُواْ

*Kuffaarri sun,ergamaa keenya Muhammad kijibsiisan.ammallee.mujizaa inni ergamaa keenya tayuu,isaan beys isu'uuf .isaa kennine .odoo ijaan arganuu , kijibsiisanii

وَٱتَّبَعُوٓاْ أَهۡوَآءَهُمۡۚ

*Yaada nabseen isaanii feetu, kan sheyxaanni itti bareechu jala deemanii kafaran.

وَكُلُّ أَمۡرٖ مُّسۡتَقِرّٞ ٣

3}*Duuba wanni ,takkaa amriin hundi, bakka itti dhaabbattu qabdii,akkanaan hin haftuu, yoo gaarii taate , bakka gaari'itti dhumti, yoo hamtuu taate, bakka hamtu'utti dhumti. tanaaf jecha kheyrin warruma kheyri'irratti dhaabbatti, sharriinis warruma sharri'irratti dhaabbatti .

وَلَقَدۡ جَآءَهُم مِّنَ ٱلۡأَنۢبَآءِ

*Dhugumaan orma kuffaaraa kanatti oduun ummata isaan dura dabree kan anbiyoota isaanii kijibsiisanii dhuftee jirti, oduu jara sanii beekhanii jiran isaanii dhufe

مَا فِيهِ مُزۡدَجَرٌ ٤

4}*Wanni gorfamaniin waan san keessa gorsa ,kufrii keessa ,achi deemu'urraa, isaan dhoowwee, akka amanan isaan godhuutu jiraa. haatayuu isaan saniin hin gorfamne. ,

حِكۡمَةُۢ بَٰلِغَةٞۖ

*Qur'aanni kun,gorsa jaba'a kan nama qajeelchuu keessa hoonga gaye, kan karaa hama'aafii,gaarii akkaan adda namaa ibsu.

فَمَا تُغۡنِ ٱلنُّذُرُ ٥

5}*Haatayuu gorsi, ammallee azaaban nama sodaachisanii,akka amanan nama godhuun, nama rabbiin badii itti mureef, homaan tartu . hin fayyaddu, azaabarraa isan duroomsitu, inni nama odoa beekhuu kafaree, nama odoo beekhuu didu, kan odao karaa jannataa arguu, karaa azaabaa deemuu, garsi maal fayyada ? narnni gorsi fayyadu nama rabbitti amanee waan inni je'u dhugo'oamsuu .

فَتَوَلَّ عَنۡهُمۡۘ

*Jara akkasii san irraa gara galee itti dhiisii, waan guyyaa baruu isaanitti bu'u eegi , guyyaan sun.

يَوۡمَ يَدۡعُ ٱلدَّاعِ

*Guyyaa israafiil garrii lammadaa afuu-

fee, khalqii hunda yaamu, itti lallabu

إِلَىٰ شَيۡءٖ نُّكُرٍ ٦

6} * Gara waan isaan hin jaalannetti isaan yaamu sun guyyaa qiyaama'aatii, kan balaan ba'atuun dandeenye, isa keessa namatti dhuftu

خُشَّعًا أَبۡصَٰرُهُمۡ

*Kan cinqiin jabaatuu keessa, ija ol qabatuu hin dandeenye.

يَخۡرُجُونَ مِنَ ٱلۡأَجۡدَاثِ

*Kan hoggaa garrii dhagayan, daddafanii .qabrii keessaa babayan,( ajdaath ) jechuun qabrii jechu'u .

كَأَنَّهُمۡ جَرَادٞ مُّنتَشِرٞ ٧

7}*Kan akka awwaannisa faca'ee , wal keessa bararutti hoggaa qabri'ii bayan wal keessa yaa'an. kan dhama'anii gara na gurraa, takkaa yaanaa hin beyne .

مُّهۡطِعِينَ إِلَى ٱلدَّاعِۖ

*Kan gara nama isaan yaamuu san,ori'an

يَقُولُ ٱلۡكَٰفِرُونَ

*Kuffaarri gaafas wanni je'u:

هَٰذَا يَوۡمٌ عَسِرٞ ٨

8}* Guyyaan kun, guyyaajabaadha, kan balaan isa keessa nutti dhufte,akkaan hamtu'uu .. gaafas ormi kuffaaraa kan si kijibsiise, rakkatu'uufjiraataa, itti dhiisi, hin yaaddawinii,

۞كَذَّبَتۡ قَبۡلَهُمۡ قَوۡمُ نُوحٖ فَكَذَّبُواْ عَبۡدَنَا

*Kuffaara makkaa, kan si kijibsiise kana dura,ummanni (nuuhg) gabricha keenya (nuuhg) kan isaanitti ergine kijibsiisanii

وَقَالُواْ مَجۡنُونٞ

*Inumaa kijibsiisuu qofarrattin dhaabbanee, maraataa je'aniiti arrabsan.

وَٱزۡدُجِرَ ٩

9}*Inuma hangasittin dhaabbannee mee an ergamaa rabbiiti ifiin je'e je'aniiti ergamaa rabbi tayuu himatu'urraa isa dhoowwan

فَدَعَا رَبَّهُۥٓ أَنِّي مَغۡلُوبٞ

*Duuba nabi (nuuhg) ummanni isaa tanaan dura, waan inni je'uun hin dhageenyee, amma eegullee ,dhagayu'uun taa'anii, rabbiin beysisee, hubannaan, rabbii isaa khadhatee, akki je'e : yaa rabbi an laafa'aa, roorroo kuffaaraa ifirraa deebisuu hin dandayuu

فَٱنتَصِرۡ ١٠

10}*Naa dirmadhuu, miidhaa isaan na miidhan kana, irraa naa kafali, diinaa keetii tumsii, je'ee dirmachuu rabbii isarra barbaade.

فَفَتَحۡنَآ أَبۡوَٰبَ ٱلسَّمَآءِ بِمَآءٖ مُّنۡهَمِرٖ ١١

11}*Duuba rabbiin akki je'e khadhaa nabi { nuuhg } qeeballeetifi , dirrnanneefii, bishaan sami'ii , duraa hulaa bannee ,bishaan sami'ii akka galaanatti humanan lafatti gad jiysine .

وَفَجَّرۡنَا ٱلۡأَرۡضَ عُيُونٗا

*Akkasuma dachii urree ija bishaanii bakka hundaan burqisiifnee, dachiin hundi bishaan taatee .

فَٱلۡتَقَى ٱلۡمَآءُ

*Bishaan sami'ii bu'uufii , kan dachi'ii bayu,wal gayee , dachii guute.

عَلَىٰٓ أَمۡرٖ قَدۡ قُدِرَ ١٢

**12}***Akkuma rabbiin muree dabarsetti sun waan lawhgalmahgfuuz keessatti,ummanni sun,yoo nabi (nuuhg) khijibsiise ,bishaanin dhuman.je'ee katabee dabarsee.

وَحَمَلۡنَٰهُ عَلَىٰ ذَاتِ أَلۡوَٰحٖ وَدُسُرٖ ١٣

**13}** *Duuba nabi(nuuhg) akka bisaan dachii guute isan liqimsine, safiinaa mukaafii mismaararraa tolfaterratti,isa rarree, bishaan san jalaa baafne. (dusur) jechuun : misrnaara jechu'

تَجۡرِي بِأَعۡيُنِنَا

*Safiinan nabi nuuhg yaabbachiifne sun bishaan dachii guute gubbaa,nuu quba qabu, nuu isii laalu, takkaayuu eegu, yookaa tiysu, olii gad ceeti, yookaa deernti, kan safiinaa san keessa, namni isatti arnaneefii, gosti waan rabbiin uumee, marti jirtu, kan waan biraa hunda bishaan nyaatan .

جَزَآءٗ لِّمَن كَانَ كُفِرَ ١٤

**14}*** Wanni.orma nabi nuuhg kijibsiise bishaanin fin'eef ,nabi nuuhgif dirmannee jazaa,orma sanirraa khafalu'uufi. gadoo, yookaa biiluu isaanirraa bayu'uufi. Waan isaan balleessaa hamtuu ,nabi nuuhgitti balleessaniif jecha .

وَلَقَد تَّرَكۡنَٰهَآ ءَايَةٗ

*Bishaan lafa guutee, kuffaara fixe san, gorsa zalaalamii taa'u goonee jirra. Kan namni rabbitti balleesse,hoggaa hunda gorfamuun.

فَهَلۡ مِن مُّدَّكِرٖ ﴿١٥﴾

15}*Duuba mee namni gorfamuun jiraa?

فَكَيۡفَ كَانَ عَذَابِي وَنُذُرِ ﴿١٦﴾

**16}** *Mee qixaan'i, an nama ergamoota kiyya kijibsiise qixaaxu ,sodaachisuun, an isaan sodaachisu akkami? waan laaftu'u moo, waan jabdu'u ?

وَلَقَدۡ يَسَّرۡنَا ٱلۡقُرۡءَانَ لِلذِّكۡرِ

*Dhugumaan qur'aana kana, qaraatii isaa namaa laaffifnee jirraa,

فَهَلۡ مِن مُّدَّكِرٖ ﴿١٧﴾

17}*Mee namni waan innijeutti dalagu kan isaan gorfamu, jiraa? Rabbiin qur'aana qara'uu isaatifii, haffazuu isaa, nama hundaafuu, laaffisee jira. nama arabaa tayuu, nama kgajam tayuu, xiqqaa tayuu, guddaa tayuu. duuba mee namni isa baratu ,kan itti dalagu ? mee namni isa baratee, barsiisee, itti dalagee, itti dalaysiisee, addunya'aa aakhiraa milkaayu ?

كَذَّبَتۡ عَادٞ فَكَيۡفَ كَانَ عَذَابِي وَنُذُرِ ﴿١٨﴾

18}*Ummanni (kgaad), nabiyyicha isaanii (huud ) kijibsiisanii jiranii , mee akkamitti isaan sodaachifnee , isaan gorfamuu dinnaan ,azaaba isaanitti erginee , isaan ganne.

إِنَّآ أَرۡسَلۡنَا عَلَيۡهِمۡ رِيحٗا صَرۡصَرٗا

*Wanni isaanin fine.qilleensa jabaa, qabbanaayaa, hoggaa deemu xiixu.takkaa didichu. isaanitti ergine .(Sgarsgar) jechuun qabbanaayaa didichu jechuu

فِي يَوۡمِ نَحۡسٖ مُّسۡتَمِرّٖ ﴿١٩﴾

19} *Guyyaa hoodaa,takkaa faanan tolle .kan halkan torbaafii, guyyaa saddeet , irra taa' ee lafarraa isaan fixe.

تَنزِعُ ٱلنَّاسَ

*Qilleensi isaanitti ergine sun, takkaa bubbeen qabbanooytun sun lafarraa ol nama fuuteti,sammuu lafaan nama dhoytee, qolomata capsitee , mataa irraa darbitee ajjeefti

كَأَنَّهُمۡ أَعۡجَازُ نَخۡلٖ مُّنقَعِرٖ ﴿٢٠﴾

20}*Wanni isaan hoggaa dhumanii ciciisan fakkaatan muka timiraa, kan lafaa buqqaee mataan irraa muramee , ciciisu dibaa.

فَكَيۡفَ كَانَ عَذَابِي وَنُذُرِ ﴿٢١﴾

21}*Me akkame azaabafii sodaachisuun kiyya ?

وَلَقَدْ يَسَّرْنَا ٱلْقُرْءَانَ لِلذِّكْرِ

*Dhugumaan quraana kana, barmoota isaa laaffifnee , jirraa .

فَهَلْ مِن مُّدَّكِرٍ ﴿٢٢﴾

22}* Mee namni isa baratee itti dalagu ?

كَذَّبَتْ ثَمُودُ بِٱلنُّذُرِ ﴿٢٣﴾

23}*Dhugumaan ummanni { thamuud je`arnu kan nabi (sgaalihg ) itti ergamee , akka amananiidhaf , isaan gorse gorsa isaa qeebaluu didanii isa kijibsiisanii .

فَقَالُوٓا۟ أَبَشَرًا مِّنَّا وَٰحِدًا نَّتَّبِعُهُۥٓ

*Si nama tokkicha,nurraa taye qofa Jala deemnaa?,waan inni qofti jeu, dhageenyaa ?

إِنَّآ إِذًا لَّفِى ضَلَـٰلٍ وَسُعُرٍ ﴿٢٤﴾

24}*Nuti yoo nama tokkicha jala deemne ,dhugumaan karaa haqarraa jallanne .je`an

أَءُلْقِىَ ٱلذِّكْرُ عَلَيْهِ مِنۢ بَيْنِنَا

*Si odoo nuti jirruu isa qofarratti wahyiin bu`aa ? si odoo nu keessa namni isarra caalu jiruu inni ergamaa? kun waan hin mallee , namni isa erge hin jiruu .

بَلْ هُوَ كَذَّابٌ أَشِرٌ ﴿٢٥﴾

25}*Inumaa inni nama kijibaan an ergamaa Rabbiiti ifiin je`uu ,kan kijiba keessa wasanaa bayee, akkamitti,isa , jala deemna ? hin deemnu , jeanii kijibsiisan. duuba Rabbiin akki je`e .

سَيَعْلَمُونَ غَدًا مَّنِ ٱلْكَذَّابُ ٱلْأَشِرُ ﴿٢٦﴾

26}*Jarri sun isaanifii sgaalihgirraa nama kijibu, kan kijiba,keessa wasanaa baye.beekuuuf taaan akka kijiboonni isaanuma tayan .beekhu'uuf jiraatan. Ummanni thamuud nabiyyic ha isaanii sgaalihgiin akki je'e :mee yoo Ergamaa Rabbii taate , gaala aanan irraa dhugnu nuu baasi . jennaanin nabi ( sgaalihg ) Rabbi khadhatee Rabbiin irraa qeebalee akki je'een .

إِنَّا مُرْسِلُوا۟ ٱلنَّاقَةِ فِتْنَةً لَّهُمْ

*Nuti gaala isaan barbaadan Dhagaa keessaa isaanif baafnaa ,takkaa uumna, isaan mokkoruudha jecha.akka amananiifii , akka hin am anne laaluuu jechaa.

فَٱرْتَقِبْهُمْ وَٱصْطَبِرْ ﴿٢٧﴾

27}Ati obsii waan isaan dalaganiifi ,waan nuti isaanitti dalaynu eegi je`een .duuba Rabbiin gaala ulfaa ,takkaa rimayaa ,dhagaa keessaa odoo isaan arganuu baasee

,nabi sgaalihgiin akki je`e

وَنَبِّئْهُمْ أَنَّ ٱلْمَآءَ قِسْمَةٌۢ بَيْنَهُمْ *Wanni ummata keetin jettu bishaan isa-

an qaban kan laga isaanii, gaala isaanitiifii ,gaala Rabbiin dhagaarraa uume jiddu'utti qoodama . guyyaan tokko kan gaalli biyya sanii hundi dhugu ,guyyaan tokko kan gaalli Rabbii qoftiin dhugu .

كُلُّ شِرْبٍ مُّحْتَضَرٌ ﴿٢٨﴾ 28}*Hundinuu guyyaa isaa qoodame,

dhufeeti dhuga gaalli Rabbi! sun gaafa taraa isaanii ,Iaga hin dhayxuu ,ni ilmatan.aanan isaanii kenniti .gaafa taraa isi' ii kophaa isiii laga san buuteti , bishaan maddiftii, gaalli isaanii isii dheysaa ittin dhiyaatu . du uba gaalli Rabbii tun bishaan guyyaa tokko kophaa isiii dhuguun .arnmallee gaalli isaanii isii dheysun ,ummata sgaalihgitti ulfaatee gaala Ra bbii , tan aanan irraa dhugan san .ajjeesuuu muratan . takkaa itti walii galan,kan nabi sgaalihg gaala tana hin tuqinaa . yoo tuyxan azaabatu is initti bu'aa je'uun .

فَنَادَوْا۟ صَاحِبَهُمْ *Duuba namicha isaanii badaa tokko, kan (qudaar ilma sgaalihg) jearnu yamanii ajjeesi jeaniin

فَتَعَاطَىٰ فَعَقَرَ ﴿٢٩﴾ 29}*Akkasitti gaala san fuudhee, sayfi'iin dhayee, ajjeese ,kan azaaba **itti** bu'u'uu deemuu , hin badadin .

فَكَيْفَ كَانَ عَذَابِى وَنُذُرِ ﴿٣٠﴾ 30}*Mee akkamitti, jara san sodachifnee, dinnaan qixaane ? azaabni keenya hama`aa mitii?

إِنَّآ أَرْسَلْنَا عَلَيْهِمْ صَيْحَةً وَٰحِدَةً *Nuti, Ummata thamuud sasanitti, iyyansa jabaa hidda onneee nama kutu ergine . kan jibriil ,iyyansuma tokko qofa , itti iyye .

فَكَانُوا۟ كَهَشِيمِ ٱلْمُحْتَظِرِ ﴿٣١﴾ 31}*Duuba iyyansa saniin hundi isaanii dhumani caccaphanii.bubu'anii.akka muka, yookaa hoshunshoma, horiin miilan irra yaaee tayan.

وَلَقَدْ يَسَّرْنَا ٱلْقُرْءَانَ لِلذِّكْرِ *Dhugurnaan.quraana kana namaa laaffifnee , kama qaraatiiitifii karaa gorsalle`eenii

32}*Mee namni yaadatee itti fayyadamu ? kan qaraee makgnaa isaa baree , itti dalagu . فَهَلْ مِن مُّدَّكِرٍ ﴿٣٢﴾

33}*Ummanni nabi{luux}ergamaa keenya luuxitti amanuu didniiti, waan nuti isaanin sodaachifne kijibsiisanii, azaaba haqa godhatanii isaan fine . كَذَّبَتْ قَوْمُ لُوطٍ بِالنُّذُرِ ﴿٣٣﴾

*Dhagaa sarniii iti roobsinee rabbiin jibriil إِنَّا أَرْسَلْنَا عَلَيْهِمْ حَاصِبًا

ajajeeti jibriil biyya san hunda lafarraa buqqisee,samii keessa ol fageessee, gad gumbisee,gubbaa jala godheejala gubbaa godhee , nama warra biyya sanirraa,hoggaa san diidajiru ,waytii inni galu,dhagaa samiii itti roobsee, akkasitti ummanni sun dhume kan nam tokko irraan hafin.

34}*Nabi luuxifii.warra isatti amane malee ,isaan waytii hiraabati.biyya badduu san keessaa dafaaa bayaa jeeenii, halkan keessa biya sanii bayanii , balaa san jalaa nagaya bayan. إِلَّا آلَ لُوطٍ ۖ نَّجَّيْنَاهُم بِسَحَرٍ ﴿٣٤﴾

*Wanni balaa ganda sanitti buute jalaa nagaya baafnef,isaan qananiisu'uufi ,waan isaan karaa kiyya deemaniif, waan isaan dubbii tiyya dhagayaniif jecha. نِّعْمَةً مِّنْ عِندِنَا ۚ

35}* Akkasitti warra nutti amaneef galata kennina كَذَٰلِكَ نَجْزِي مَن شَكَرَ ﴿٣٥﴾

*Ummata luux kan akkasitti dhufe san وَلَقَدْ أَنذَرَهُم بَطْشَتَنَا

nabiyyichi isaanii ( luux ) azaaba keenya isaan sodaachisee jira ,Iackisaa, badii itti j irtan tana,dhiisaa,yoo dhiisuu baattan,azaabni Rabbii isinitti buaa jeeenii, isaan beysisee jira .wanni ummanni sun dalaguu ture.dhalaa dhiisanii dhiirti wal barbaaduu kanarraa nabi( luux ) azaaban sodaachisee dhoowwe .

36}* Duuba waan Rabbiin isaanin sodaa- فَتَمَارَوْا بِالنُّذُرِ ﴿٣٦﴾

chise sodaatanii .dalagaa hamtuu san, dhiisuu didanii, inumaa azaabni inni nuun sodaachisu kijiba jeanii ,dalagaa isaanii itti fufanii .inu maa nama argan hunda reeban .duuba odoo akkasitti jiranuu, rnalaaykan sadii, tan ganda isaanii balleessuuu jecha Rabbiin erge.suuraa dardara babbareeda`aatin dhuftee ,mana nabi Luux seenan. ummanni badaan sun ,hoggaa malaaykaa suuraa namaatin mana (Iuux) seentu ,argan .didichaaati itti dhufan

dhufnaan, nabi (luux) waan isaan ori`aniif beekhaa ,wanni je`een: yaa jarana ,keessummaa tiyya tana, tuyxanii nan qaanessina'aa, yoo feetan, dubri kiyya kunoo , isiniifan kennaa narraa dhaabbadhaa .jeeen jennaanin wanni isaan luuxin jean: yaa luux akka nuti dhiirarraa malee, dhalaarraa haajaa hin qabne, ni beytaa, dhiira hulaa nu duraa itti hiiti tana , nuu gad baasi, yoo kaan hulaa caphsinee itti seennaa, jeaniin. hoggaa san jibriil itti gad bayee goflaa yookaa, kooluu isaatin ija isaanii dhawee ijji isaanii duuddee jaaman . tanaaf Rabbiin akki jee .

وَلَقَدۡ رَٰوَدُوهُ عَن ضَيۡفِهِۦ

*Ummanni Luux dhugumaa keessummaa isaa waan hamtuu itti dalagu'uu barbaadan.

فَطَمَسۡنَآ أَعۡيُنَهُمۡ

*Haatayuu ija isaanii duuchinee.

فَذُوقُواْ عَذَابِي وَنُذُرِ ٣٧

37}*Azaaba luux isiniin sodaachisuu ture, dhandhamaa jenneen .

وَلَقَدۡ صَبَّحَهُم بُكۡرَةً عَذَابٞ مُّسۡتَقِرّٞ ٣٨

38}*Ummata luux san, malaaykan luuxifii warra isatti amane, halkan keessa biyya sanii baaftee, ganama subhgii , azaabni zalaalam biyya sanitti bu'e jibriil dachii garaan galchee , takkaa gad gombisee

فَذُوقُواْ عَذَابِي وَنُذُرِ ٣٩

39} * Akkasitti q ixaanee azaaba keenya ,kan isiniin sodaachifnee .dhugooornsuu diddan dhandhamaa.jenneen .

وَلَقَدۡ يَسَّرۡنَا ٱلۡقُرۡءَانَ لِلذِّكۡرِ

*Quraana kana dhugumaan barmootafii gorsalleee, laaffifnee jirraa

فَهَلۡ مِن مُّدَّكِرٖ ٤٠

**40}** *Mee namni baratee, isaan gorfamu Eessa jira ?

وَلَقَدۡ جَآءَ ءَالَ فِرۡعَوۡنَ ٱلنُّذُرُ ٤١

41}*Dhugumaan firkgawna mootii misgraa, kan Rabbi ifiin jeetti .mujizaan isaan sodaachiftu,hedduun dhufte ta mu'jizaa gurguddoo saga! geessu. tan nabi{ Muusan) isaanittiin dhufe .haa gorfamaniinii , amananiiif'jecha . haatayuu hin gorfamneenii inumaa.

كَذَّبُواْ بِـَٔايَٰتِنَا كُلِّهَا

*Mu'jizaa teenya san hunda kijibsiisanii

فَأَخَذۡنَٰهُمۡ أَخۡذَ عَزِيزٖ مُّقۡتَدِرٍ ٤٢

42}*Duuba isaan qabnee,bahgaritti isaan darbinee jazaa kufrii isaanii kafalleef .qixaaxa jabaa, hamaa, namni jabaan nama qaxaaxu qixaan e, namni nutti balleesse, bakka itti nu jalaa bayu hin qabuu .

أَكُفَّارُكُمْ خَيْرٌ مِّنْ أُوْلَٰٓئِكُمْ

*Si isin yaa orma arabaa, kan nabi muhammad kijibsiisu, kuffaara keessantu ,kuffaara ummata is in dura dabrerra caalaa? kan sanii jeee Rabbiin kuffaara keessan qixaaxuu dhiisuf? Hin caalan jechu'u , inumaa kuffaara is in dura dabreetu ,isinirra jajjabo`o ,yoo kan human qabnaaaf.kafartan taatanjabeenyan qabdanii bee khaa.ummata isinirra jabaaatuu.kan akka( kgaad ) ni finee ,isinis isaan daran,isin finaa, beekaa.yoo kan sanii kafartan taatan .

أَمْ لَكُم بَرَآءَةٌ فِي ٱلزُّبُرِ ﴿٤٣﴾

43}*Si takkaa wanni kafartaniif, Rabbiitu kitaabban anbiyootarratti buuse keessatti ,akka kufriirratti.hin qixaaxamne, akka azaabarraa qulqulluu taatan baallama isinii seenee , takkaa dubbatee ? kan sanii jettanii azaaba sodaaaf jallinarraa deebi'uu dhabdaniif?

أَمْ يَقُولُونَ نَحْنُ جَمِيعٌ مُّنتَصِرٌ ﴿٤٤﴾

44}*Si takkaa ormi kuffaaraa sun, nuti hedduu jecha'aaf,kufri'irratti didanii? Nuti warra cifraa hedduu qabuu, Mohammad kophaa isaatii akka feenu isa goona jecha'aaf waan inni je'u dhugo'oomsuu didanii?

سَيُهْزَمُ ٱلْجَمْعُ وَيُوَلُّونَ ٱلدُّبُرَ ﴿٤٥﴾

45} *Cifraa isaan abadatanii Rabbitti kafaran san ergamaa keenya muhammaddu ,cabsee irra aanu'uu jiraata .tuutti isaanii hedduun sun, muhammaduma, tokkicha kana, dheysu'uu jiraatti. Rabbiin nabi muhammad, kan kophaa makka keessa jiru,kan kuffaarri makkaa karaa hundaan ajeessu'uuf itti gamu,aayata tana buusee ,akki je'een kuffaara humnaan sitti roorrisu kana, caphsu'uuftaassaa, obsi je'eenii, gammachiise .. duuba akkuma rabbiin je'etti nabi Muhammad madiina'atti galee, achirraa qureyshi'itti duulee,lola badrii keessatti isaan caphsee,kan ajjeese ajjeesee, hangi ashkara qureyshi'irraa hafe, nabi muharnrnadiifii, ashkara isaa dheyse sun qixaaxa rabbiin addunya'arratti isaan qixaaxee.

بَلِ ٱلسَّاعَةُ مَوْعِدُهُمْ

*Qixaan'i isaanii,hanga lola badrii kana qofaa mitii,qixaan'i hamaan kan guyyaa qiyaama'aa isaan eeggatu, qaaxaroon akkaan qixaaxamu'uu jecha isaanii qabamte qiyaama'aa (saakgaa) jechuun qiyaamaa jechu' .

وَٱلسَّاعَةُ أَدْهَىٰ وَأَمَرُّ ﴿٤٦﴾

46}*Azaabni guyyaa q iyaama' aa,azaaba lola keessatti ajjeefamu'urra,takkaa boojiyamu'urra,hama'a yookaa jaba'a ammallee hadhaaya'a .

إِنَّ ٱلۡمُجۡرِمِينَ فِي ضَلَٰلٖ

*Warri Rabbitti balleesse kun, addunyaa tanarratti , jallina keessa jiran ammallee dhamaasuu keessajiran,kan waan isaanii toluufii , kaan addan beyne

وَسُعُرٖ ﴿٤٧﴾

47}*Ammallee aakhira'atti ibidda belbelu ,kan isaan gubu takkaa yuuwaaddu, keessa jiraatan

يَوۡمَ يُسۡحَبُونَ فِي ٱلنَّارِ عَلَىٰ وُجُوهِهِمۡ

*Sun guyyaa fuulan, gad gonbifamanii , ibidda keessa hirkifaman.isaan xiqqeessu'uu jecha.wanni isaanin je'amu :

ذُوقُواْ مَسَّ سَقَرَ ﴿٤٨﴾

48}*Yaa warra ergamaa rabbii kijibsiisee, rabbitti amanuu dide, azaaba rabbii kana dhandhamaa.

إِنَّا كُلَّ شَيۡءٍ خَلَقۡنَٰهُ بِقَدَرٖ ﴿٤٩﴾

49} *Nuti waa hunda ,lawhgalmahgfuuzirraatti katabnee ,Iikkii ,goonefii ,dabarinee irra.

وَمَآ أَمۡرُنَآ إِلَّا وَٰحِدَةٞ كَلَمۡحِۭ بِٱلۡبَصَرِ ﴿٥٠﴾

50} *Nuti hoggaa wahitti ajajnu, ajajni keenya.tokkuma lamaa mitii, sanuu dafteeti hanga Iiphii ijaa takkatti argama, maalifrabbiin yoo waa taasisuu fedhe (tayi) je'aanii,wanni sun hogguma san taati,odoo jechi isaa hin dhumne.

وَلَقَدۡ أَهۡلَكۡنَآ أَشۡيَاعَكُمۡ

*Yaa warra rabbi dhugo'oomsuu didu msuu didu kuffaara, akka keessanii kana, dhugumaan isin dura lafarraa fin'ee ,kkasitti isinis yoo feene, yoo balleesa'arraa deebi'uu baatan fin'aa.

فَهَلۡ مِن مُّدَّكِرٖ ﴿٥١﴾

51}*Si isinirraa, namni, waan ummata duritti bu'een,gorfamee amanu hin jiruu?

وَكُلُّ شَيۡءٖ فَعَلُوهُ فِي ٱلزُّبُرِ ﴿٥٢﴾

52}*Wanni kuffaarri dalage marti kheyrii tayuu sharrii tayuu, hamtuu taatuu, toltuu taatuu,kitaaba dalagaan isaanii keessatti katabamtu keessajirti .

وَكُلُّ صَغِيرٖ وَكَبِيرٖ مُّسۡتَطَرٌ ﴿٥٣﴾

53}*Wanni dalagaa taye, xiqqaattuu guddaattuu , Rabbi biratti katabamtee jirtii, namuu dalagaa isaa argu'uuf jiraataa, hamtuu taatuu irratti qixaaxama, yoo gaarii taate galata irratti argata.

| | |
|---|---|
| *Warri addunya'arratti rabbi soda'aaf waan hamtuu dhiisee,waan gaarii dalage, aakhira'atti jannata keessa qubata , | إِنَّ ٱلْمُتَّقِينَ فِي جَنَّٰتٍ |
| **54}***Isaan jannata keessatti lagootii aananii, kan daymaa , kan farsho'ooti qaban . | وَنَهَرٍ ﴿٥٤﴾ |
| *Bakka gaarii, qubsuma bareedaa qubatan, | فِي مَقْعَدِ صِدْقٍ |
| 55}*Rabbii guddaa dandeytii qabu, kan mootummaa isaa malee mootummaan biraa hin jirri biraa qaban . | عِندَ مَلِيكٍ مُّقْتَدِرٍۭ ﴿٥٥﴾ |